

Hambaa Aadaa Oromoo:

Sirna Gadaa Galmee Hambaa Kiliyaa Addunyaa(Intangible Cultural Haritage) Irratti Galmeessisuuf Sochii Taasifamaa Jirufi Ulaagaawwan guutamuu qaban.

Sintaayyoo Tolaa

Fulbaana bara 2009

Aadaan maali? Hiikni Jechaa aadaa jedhuuf waggoota 50n darbanfi keessumaayyuu waggoota 20n darban keessa bal'achaafi jijjiiramaa dhufuu isaa gababinaan ni taa'a. walitti dhufeenyi aadaa fi misoomaa ni ibsama.

- ❖ **Hambaaleen Aadaa maali?** Bal'ina hiika aadaa jedhuuf kennammaa dhufe irraa ka'uunfi gaheen hambaalee misooma keessatti qaban guddachaa dhufuun walqabatee hiikni hambaa guddachaafi jijjiiramaa dhufuun isaa ni ibsama.
- ❖ **UNESCO Conventions on Culture.** 1972 the World Heritage Convention fi 2003 Intangible Cultural Heritage Convention ni ibsama.
- ❖ **Qoodinsa hambaalee: tangible and intangible cultural heritage.**
- ❖ **Sirna Gadaa Oromoo.** Sirna Gadaa galmeessisuuf sochii godhameefi adeemsa keessa darbame ni ibsama.
- ❖ **Ulaagaalee hambaan itti galmaa'an.** Ulaagaalee UNESCOon baaseefi sirna Gadaa
- ❖ **Qajeelfamoota UNESCO** kunuunsa hambaalee aadaa kiliyaa ilaalchisee baase
- ❖ **Faayida hambaa galmaa'anii.** Galmaa'uu hambaa irraa faayidaa maaltu argama.
- ❖ **Ayyaana Irreechaa akkamitti kabajna.** Mootummaarraa, ummata irraa maaltu eegama.
- ❖ **Sirna Gadaa akkamitti kunuunsnee dhaloota boriitti dabarsna.**

Jechootaafi Yaadota ijoo (Key words and Concepts) barreeffama kana keessatti ilaalaman:- aadaa, hambaa, ICH convention, ulaagaa hambaan itti galmaa'u, qajeelfamoota UNESCO, sirna Gadaa, faayidaa galmaa'insa hambaa, ayyaana Irreechaa, kunuunsa hambaa.

- *Aadaan* *maalidha?*
(The concept of culture)
- *Yeroo UNESCOn hundeeffame (bara 1946) yaada aadaa jedhuuf hiikni kenname baayyee dhiphoo ture. Innis caalmaatti **hojiiwwan artiifi ogbarruu kan calaqisu ture***
- *(Culture was used to refer primarily to artistic production in the fine arts and literature).*
- *Waggoota 50 darban keessa jijjiirama saffisaa addunyaa irratti mul'achaa dhufeefi bu'aa aadaan jijjiirama kana keessatti qabu hubatamaa dhufuu irraa ka'ee Jecha/yaada aadaa jedhuuf hiikni kennama ture yeroo irraa yerootti fooyyaafi babal'achaa dhufeera.*
- *Yaada aadaa jedhu (concept of culture) keesumaayyuu waggoota 20 darban keessa qoodni aadaan misooma keessatti qabu ifatti bahaa, mul'achaafi guddachaa beekumsas argachaa dhufeera. Babal'ina hiika yaada aadaa jedhuuf kennamaa dhufeen wal qabatee jecha ykn yaada (concept) hambaa jedhuuf hiikni kennamaa tures bifa wal fakkaatuun babal'achaa dhufeera.*
- *Jecha ykn yaada "aadaa" jedhuuf haayyoti hedduu hiika hedduu kennaniiru. Maalummaa aadaa irrattis waltajjiwwan marii idl-addunyaa hedduun geggeeffameera. Hikiin haayyota garaa garaatiin kennamaa*

turanis ta'e walitajjiwwan idl-addunyaa irratti mariiwwan geggeeffaman hundi kallatti kaaminuu haa ibsanii dhimmoota bu'uraa ta'an irratti walii galtee qabu.

- *Innis aadaan utubaawwan misooma itti fufiinsaa ta'an misooma dinagdee, hawaasummaafi eegumsa qabeenya umamaa (economic, social and environment) waliiniifi gaheen aadaan jarreen kana keessatti qabu guddaafi bu'ura hiika jecha aadaa jedhuu ta'uu isaatti adda addummaa hin jiru.*
- *Haaluma gahee aadaan misooma itti fufiinsa keessatti qabu guddachaafi hubatamaa dhufeen hiikni yaada/jecha aadaa jedhuuf kennamaa tures guddachaafi babal'achaa dhufeera. Yaadota bu'uraa*
- ❖ *bara 1982 Meksiikoo irratti (World Conference on Cultural Policies) ka'anfi isa boodas konfransoota idl-addunyaa dhimma aadaa*
- ❖ *bara 1995 (World Conference on Culture and Development) fi*
- ❖ *bara 1998 (Inter-governmental Conference on Cultural Policies for Development, Stockholm) irratti*
- ❖ *yaadota ka'ana bu'ureefachuun **Dhaabbanni Barnootaa, Saayinsiifi Aadaa Addunyaa (UNESCO) Labsii/Diklaareeshinii Heddumina Aadaa Idl-Addunyaa (Universal Declaration on Cultural Diversity)** jedhu bara 2001 baase keessatti jecha/yaada aadaa jedhuuf hiikni kenname akka addunyaatti fudhatama kan argate dha.*

Diklaareeshinii kana keessatti aadaan haala kanaan gadiitti bal'inaan hiikameera. It defines "culture" much more broadly-

“as the set of distinctive spiritual, material, intellectual and emotional features of a society or a social group, and as encompassing, in addition to art and literature, lifestyles, ways of living together, value systems, traditions and beliefs”.

Kana jechuun-----

- *Artiifi og-barruu akkasumas haala jiruufi jireenyaa (life styles), haala hawaasni addaa addaa waliinfi umama naannoo isaa waliin jiraatu, sirnoota sona, barsiifatafi amaantaa, duudha, ayyada (spiritual), haayyuma (intellectual), meeshaalee, kalaqa sammuufi miirawa addaa hawaasni ykn gareen hawaasaa tokkoo qabu yaada aadaa jedhu keessatti hammatamu.*
- *Hiika bal’ina qabu kana walitti qabnee yoo ilaalle aadaan jiruufi jireenya, qaroomina, ayyaada, beekumsa kalaqaa, ilaalcha addunyaa, walitti dhufeenya uumaafi uumamaa, sirna sabni tokko saba biraa waliin jiraatu, sirna itti walgargaaru, miirawa, ogummaa, meeshaalee jireenyaaf itti fayyadamu, sirnoota dhalota irraa hanga du’aatti keessa darbu, nyaata, uuffannaa, midhagina, hojimaata, amantaafi ilaalcha addunyaa, soona, duudha, gochaaleefi barsiifata, sirna ittiin bulmaata, sirna waldhabbiittiin hiiku, artiifi aafoola, ... hunda kan hammatudha.*
- *Dhimmootni kun hawaasa tokko ykn garee hawaasa tokko kan biraa irraa adda godhanidha. Kanaaf aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti.*

- *Dhimmoonni kun hunduu misooma itti fufiinsaa mirkaneessuu keessatti gahee ol'aanaa qabu.*
- ***Hambaan Maalidha?***
- *Dhalli namaa jireenya isaa keessatti haala umama naannoo isaatti fayyadamuufi mala ittiin wal simuun jiraatu umuun jiraachaa tureera. Har'as jiraachaa jira. Jireenya wal irraa hin citne kana keessatti qaroomina (civilization) hedduun umamaniiru.*
- *Fkf. Qoricha aadaa hojjechuu, meeshaa ittiin fayyadamu hojjechuu, qonna jalqabuu, meeshaa amantaaf oolan hojjechuu, tekiniika manufacturiingii umuu, magaala hundeessuu, masaraawwanfi gamoowwan ijaaruu, siidaawwaan yaadannoo dhaabuu, sirnoota ittin waliin jiraatu uumuu,...wkf umaa tureera. Beekumsiifi umeewwan (creativity) kaleessaa kun ilma namaa har'a jiruuf hambaa ta'aniiru.*
- *Kana malees haala qabeenya umama naannoo isaaniitti ittifufiinsaan itti fayyadamaniifi eegan, haala heddumina lubu-qabeeyyii (biodiversity) waliin wal simanii jiratan, haala gosa isaaniifi gosa biroo waliin jiraatan, sirna ittin bulmaata hawaasaa itti miijeffatan irratii beekumsa xabboo/aadaafi sirnoota ajaa'ibsiisa ummatanii jiraachaa turaniiru.*
- *Meeshaaleen, ijaarsi, sirnooti, beekumsi, ogummaan...wkf dhalootni durii nuuf dhiisanii darban akka waliigalaatti hambaa (heritage) jedhamu. Kannen alas qabeenyawwan umamaa, ykn qabeenyawwan hojii namaafi umamaatiin haala adda ta'een umaman hambaalee ta'an jiru.*
- *Ibsitooti aadaa kun haala qabatamaafi kiliyaatiin callaqisu. Kanaaf aadaan akka waliigalaatti hambaalee aadaa qabatamaafi hambaalee*

aadaa kiliyaa (Tangible Cultural Heritage and Intangible Cultural Heritage) jedhamanii qodamu.

•

Jijjiirama yaada hambaa jedhuun wal qabatee mul'ate

- *Yaadni hambaa jedhu ykn hiikni hambaa jedhuuf kennamu **ilaalcha (attitudes), fedhii (needs), fi ulfina (demands)** ummatni kennuuf irratti hundaa'ee yeroodhaa yerootti jijjiiramaa dhufeera. (**Attitude + Needs + Demands people convey towards it.**)*
- *Bu'ura kanaan yaadni hambaa jedhu caalmaatti gara dhala namaa/hawaasa giddugaleessa godhateefi tajaajila isaatiin walitti hidhataa dhufeera (**people-centered and functional approach**).*
- *Fkf, aadaan kaleessa fudhatama qabu ture har'a barmaatillee miidhaa geessisu ta'ee ilaalamuu danda'a. Fkf, dhaqna qabaa, Butta, taskaara, midhaginaafi ykn gaddaaf jedhanii qama ofii miidhuu, etc.*
- *Masaraawwan mootota durii, ykn manneen amantaa durii har'a tajaajila birootiifoola.*
- *Bu'ura kanaan xyeeffannoon gara **roga-sadiitti dhufeera**. Innis:-*
 - *gamoowwan/ijaarsaalee irraa gara namaatti, (**From monument to people**)*
 - *meeshaa irraa gara tajaajilaa/faayidaatti (**From objects to functions**)*
 - *Jijjiirama kanaan wal qabatee eegumsa/kunuunsa irraa gara misoomaafi haala itti fufiinsaan itti fayyadamuutti jijjiiramaa ykn*

xiyyeeffatamaa dhufeera. (From preservation to sustainable use and development)

- *Gahee qofaan utuu hin ta'in hiikniifi gosni hambaalees heddummaachaaf babal'achaa dhufeera. Hambaaleen qabatamaa jedhaman siidaawwan,gamoowwanfi iddoowwan arkiyooloojii beekamoo qofa ta'uu irraa darbanii har'a iddoowwan aadaa gurguddoo kan akka magaalota seenaa (historic cities), qubsuma baadiyyaa, galaana (seascapes), iddoowwaan biqiltuu (gardens), tulluuwwaniifi bosona kabajamaa (sacred), iddoowwan industrii, iddoowwan biodiversity, akkasumas iddoowwan lolliifi hameenyi itti raawwataman dabalatee jira.*
- *Akka waliigalaatti Hambaaleen Aadaa (Qabatamaafi Kiliyaa) har'as akkuma kaleessaa hawaasa tokkoof mallattoo eenyummafi hiika maalummaa isaa ta'uun gahee bakka bu'iinsa hin qabne bahaa jira.*
- *Kun akkuma jirutti ta'ee gaheen hambaaleen misooma itti fufiinsaa mirkanneessuu keessatti qabaniif taphatan babal'achaa, guddachaafi hubatamaa dhufeera.*
- ***Waliigaltee Hambaa Addunyaa (The World Heritage Convention, UNESCO, 1972)***
- *Bara 1972 UNESCOn eegumsaafi kunuunsa hambaalee ilaalchisee Waliigaltee Hambaa Addunyaa (The World Heritage Convention) jedhamee beekamu baase. (hanga jalqaba bara 2015tti biyyootni 187 waliigaltee kana mallatteessaniiru).*
- ***Kaayyoo Waliigaltee Hambaa Addunyaa (World Heritage Convention) 1972***

- *The Convention aims at the identification, protection, conservation, presentation and transmission to future generations of cultural and natural heritage of **Outstanding Universal Value**.*
- *Bu'ura Waliigaltee kanaan hambaan gosa lamaatti qoodama:-*

1. Hambaalee Aadaa (Cultural Heritage)

2. Hambaalee Umamaa (Natural Heritage)

- *Ulaagaalee Hambaan Galmees Hambaas Addunyaa keessatti Galmaa'u*
- *Bu'ura **Waliigaltee Hambaas Addunyaa bara 1972 tiin (Convention of World Heritage 1972)** Hambaan tokko hambaas addunyaa ta'ee galmaa'uuf **ulaagaalee 10 bahan keessaa yoo xinnaatee ulaagaa 1 ykn tokkoo ol guutuu qaba.***
- *Hambaan kana guute hambaas **Soona Olaanaa Idil-Addunyaa (Outstanding Universal Value)** qaba jedhamee galmaa'aa.*
- *Hambaalee Aadaa (Cultural Heritage):-*

*Waligalteen kun Hambaalee Aadaa “**monuments, groups of buildings, and sites**” jechuun hiikee ture.*

*1. **Ijaarsaalee/siidaalee:** -hojiiwwan ykn dizzaayinoota arkitekcherii, hojiiwwan siidaawwan bocamanfi fakkiwwan, ijaarsaalee ykn haftee ijaarsaa qorannoo arkiyooloojiitiin argaman, barreeffamoota durii dhakaa irratti bocaman, holqoota bakka jireenya namaa turaniifi isaan Kan wal qabatan, kan gama seenaa, artii ykn saayinsiitiin **Soona Ol'aanaa Idil-addunyaa** qaban.)*

2. Gamoowwan: - gamoo ykn gamoowwan bakka tokkotti walqabatani ykn adda addaan ijaaraman KanGama seenaa, artii ykn saayinsiitiin **Soona Ol'aanaa Idil-addunyaa** qaban.)

3. iddoowwan/bakkeewwan: - iddoowwan namaan ykn namaafi uumamaan tolfaman, iddoowwan arkiyooloojii dabalatee Gama seenaa, miidhaginaan, itinoooloojiin ykn antiroopooloojiin Soona **Ol'aanaa Idil-addunyaa** qaban.

- Akkuma yaadni aadaa jedhu yeroo' irraa yerootti guddachaafi babal'achaa dhufe, hiikni jecha "hambaa" jedhuuf kennamaa turees guddachaafi babal'achaa dhufeera.
- **Hambaa Aadaa Qabatamaa (Tangible Cultural Heritage)** keessatti qabeenyaalee hamataman;-
- Bu'uura waliigaltee kanaan Itoophiyaan hambaalee aadaa 9 hambaa addunyaa ta'anii galmaa'aniiru.
- Hambaalee 5 galme'e eegatummaa (Tentative List) irratti eeramanii jiran keessaa 4 naannoo Oromiyaa keessatti argamu.
- Hambaalee Qabatamaa kaadhimaman

1. Dirre Sheek Huseen


2. Holqa Soof Umar

3. Paarkii Biyyoollessaa Gareewwan Baalee (BMNP)

4. Iddoola Seenaan-duraa Malkaa Qunxurree

- ❖ *Jarreen Kun 4n bu'ura Waliigaltee Hambaa Addunyaa Bara 1972 (The World Heritage Convention, 1972) tiin Galmee Hambaa Addunyaa (World Heritage List) keessatti galmeessisuuf Kan dhiyaatanidha.*

Dirre Sheik Hussein Religious, Cultural and Historical Site



Ethiopia

- ***Date of Submission:*** 14/12/2011 (ALI bara 2004)
- ***Criteria:*** [\(ii\)\(iii\)\(iv\)\(vi\)](#)
- ***Category:*** Cultural
- ***Submitted by:*** Ministry of Culture and Tourism, Authority for Research and Conservation of Cultural Heritage

- ***State, Province or Region:*** Oromia National Regional State, Bale Administrative Zone, Gololcha District, Dirre Sheik Hussein kebele
- ***Coordinates:*** N7 80 E41 00
- ***Ref.:*** 5649

Holqa Sof Omar: Natural and Cultural Heritage (Sof Omar: Caves of Mystery)

[Ethiopia](#)



- ***Date of Submission:*** 14/12/2011 (ALI 2004)
- ***Criteria:*** [\(iii\)](#) [\(v\)](#) [\(vi\)](#) [\(vii\)](#) [\(viii\)](#)
- ***Category:*** Mixed
- ***Submitted by:*** Ministry of Culture and Tourism, Authority for Research and Conservation of Cultural Heritage

- **State, Province or Region:** Oromia National Regional State, Bale Administrative Zone, Dawi Qacha District Hamera kebele
- **Coordinates:** N6 54 E40 45
- **Ref.:** 5651

Bale Mountains National Park

Ethiopia

- **Date of Submission:** 13/03/2008 (ALI bara 2000)
- **Criteria:** [\(vii\)\(x\)](#)
- **Category:** Natural
- **Submitted by:** Authority for Research and Conservation of Cultural Heritages
- **State, Province or Region:** Oromia National Regional State
- **Coordinates:** N6 29 - 7 10 E39 28 - 39 57
- **Ref.:** 5315

Melka Kunture and Bachilt Archaeological Site

Ethiopia

- **Date of Submission:** 27/12/2012 (ALI bara 2005)
- **Criteria:** [\(iii\)\(iv\)\(v\)](#)
- **Category:** Cultural

- **Submitted by:** *Ministry of Culture & Tourism, Authority for Research & Conservation of Cultural Heritage (ARCCH)*
- **State, Province or Region:** *Oromia National Regional State, Melka Kunture*
- **Coordinates:** *N8° 42 E38° 35*
- **Ref.:** *5788*
- **Hambaalee Aadaa kiliyaa (Intangible Cultural Heritage):-**
- *Beekumsiifi dandeettiin uumme ilma namaa ijaarsa gamoowwan dinqisiisaafi omiisha meeshaalee ajaa'ibsiisaa ta'an qofa irratti hin dhaabbatu. Kanneen irra darbe dandeettii uummee bifa aadaalee ajaa'ibsiisaa ta'an garuu Kan qabatamaa (tangible) hin taaneenis ni mul'ata.*
- *Gama biraatiin immoo yaadni hambaa jedhus yeroo irraa yerootti babal'achaa dhufe.*
- *Waliigalteen Hambaa Addunyaa (WHC, 1972) hambaalee akkanaa kan qabatamaa (tangible) hin taane, garuu eenyummaa ummataa, beekumsa, kalaqa sammuu, dandeettii uumme, ilaalcha addunyaa... wkf caalmaatti ibsan waan hin hammatneef jarreen kun sirna beekamitii itti argachuu danda'an umuun barbaachisaa ta'ee argame.*
- *Kanaaf UNESCOn Bara 2003tti **Waliigaltee Eegumsa Hambaalee Kiliyaa (Convention for the Safeguarding of the Intangible Cultural Heritage, UNESCO, 2003)** baase.*

- *Sirni Gadaa Oromoo bu'ura waliigaltee kanaan kaadhimame.*
- ***Waliigaltee Eegumsa Hambaalee Kiliyaa (CONVENTION FOR THE SAFEGUARDING OF THE INTANGIBLE CULTURAL HERITAGE (2003))***

The purposes of this Convention are:

*(a) Hambaalee aadaa kiliyaa kununuunsuuf [to **safeguard** the intangible cultural heritage;]*

*(b) Hambaalee aadaa kiliyaa hawaasaa, ykn garee hawaasaa ulfinaafi kabaja akka argatan gochuuf [to ensure **respect** for the intangible cultural heritage of the communities, groups and individuals concerned;]*

*(c) Faayidaa hambaalee aadaa kiliyaa sadarkaa naannootti, biyyaattifi addunyaatti akka beekaman gochuun ummatoota gidduutti wal hubannoofi wal kabajuu cimisuuf [to **raise awareness** at the local, national and international levels of the importance of the intangible cultural heritage, and of ensuring mutual appreciation thereof;]*

*(d) Eegumsaafi kunuunsa hambaalee aadaa kiliyaa irratti deeggarsa idl-addunyaa argatamu gochuuf [to **provide for international cooperation and assistance.**]*

- ***Jechi qulfii ykn ijoo waliigaltee kanaa jecha “Safeguarding” jedhudha.***
- ***“Safeguarding” means measures aimed at ensuring the viability of the intangible cultural heritage, including the identification, documentation,***

research, preservation, protection, promotion, enhancement, transmission, particularly through formal and nonformal education, as well as the revitalization of the various aspects of such heritage.

- *Kununsa jechuun hambaalee aadaa kiliyaa adda baasuu, dokumentii gochuu, qorachuu, tursiisuu, badii irra gahuu malu irraa ittisuu, faayidaa isaanii olkaasuu, dhalota irraa dhalootatti dabarsuu (karaa barnoota idleefi alaa through formal and informal education),fi akkasumas raawwiiwwan ykn ibsitoota hambaalee kiliyaa ta’an kanneen dagatamaa dhufan deebanii dagaagsuun (revitalization) bifa guutuu ta’een akka geggeeffaman gochuu jechuu dha.*
- *Haala HAK (ICH) itti Galmaa’an*
- *Haala Waliigaltee kanaan HAK haala 2n hambaa addunyaa ta’ee galmaa’a.*
- 1. *Galme HAK kunuunsa ariifachiisaa argachuu qaban (the List of Intangible Cultural Heritage in Need of Urgent Safeguarding)*
- 2. *Galme Bakka-bu’oota HAK Dhala Namaa (the Representative List of the Intangible Cultural Heritage of Humanity)*
- *Itoophiyaanis waliigaltee kana Bara 2006 mallatteesitee fudhate. Irraas fayyadama taateetti.*
- *Ayyaanni Masqalaafi Fichee Cambalaalaa haala waliigaltee kanaan galmaa’aniiru.*

*Amma immoo mallattoo ummata Oromoo kan ta’e **Sirna Gadaa** bu’ura **Waliigaltee Eegumsa Hambaalee Aadaa Kiliyaa tiin (CONVENTION FOR***

THE SAFEGUARDING OF THE INTANGIBLE CULTURAL HERITAGE (2003)
galmee Bakka Bu'oota Hambaalee Kiliyaa Dhala Namaa (Representative List of the Intangible Cultural Heritage of Humanity) keessatti galmeessisuuf hojiin bal'aa hojjetamaa jira.

- *Sirni Gadaa mata duree*

“Sirna Gadaa: Sirna Hawaas-Siyaasaa Dimokraatawaa Ummata Oromoo (Gada System: An Indigenous Democratic Socio-Political System of the Oromo) jedhuun dhiyaatee.

- *Yeroo ammaa faayilli kadhimeessaa sirna Gadaa xinxalamaa kan jiru yoo ta'u murtii isa dhumaa ji'a Sadaasa bara 2009 keessa argata.*
- *Ni galmaa'a jenneenee abddanna.*
- *Akkaakuu HAK (Domains of ICH)*
- *Waliigalteen Kun Hambaalee Aadaa Kiliyaa akaakuu gurguddaa **5tti (five broad 'domains')** qoodee kaa'eera. Isaanis:-*

1. Oral traditions and expressions, including language as a vehicle of the intangible cultural heritage;

2. Performing arts;

3. Social practices, rituals and festive events;

4. Knowledge and practices concerning nature and the universe;

5. Traditional craftsmanship.

-

1. Afoolawwaniifi Mul'istoota. (Oral traditions and expressions)

- *Afoolli bifa dubbiin ykn haasaatiin kan ibsaman (spoken forms) waan hedduu of keessatti kan hammatu dha. Kana keessatti mammaaksa (proverbs), Hibboo (riddles), dur durii (tales), uruursa daa'immanii (nursery rhymes), af-seenaa (legends), myths, siribootaaafi walaloo hawwii (epic songs and poems), sirboota jaalalaa (charms), kadhannaa (prayers), weedduu (chants), faarruu (songs), fukera/shilleltaa (dramatic performances)...w.k.f. Afoolliifi ibsitooti dubbii (Oral traditions and expressions) beekumsa, soonaalee aadaafi hawaasummaafi yaadannoo waliinii /seenaa dhalootaa dhalootatti dabarsu. Akkasumas aadaan lubbuun akka jiraatu, akka hin badne godha. Afoolli afaaniin (language) darba/ibsama.*

2. Hurrubsa ykn Artiiwwan Aadaa (Performing arts)

- *Gochaaleen artii sagalee irraa hanga meeshaalee muuziqaa, ragada, tiyaatira, walaloo sirbaa/weedduu aadaa Kan hammatudha.*
- **3. Gochaalee Hawaasaa, Barsiifata/Ayyaanota (rituals) fi Festiivaloota (Social practices, rituals and festive events)**
- *Kana jalatti waan hedduutu hammatama:- barsiifata/gochaalee amantaan wal qabatan (worship rites), raawwii gulantaa umurii tokko irraa gara biraatti yeroo ce'an raawwatamu (rites of passage), raawwii dahumsa, cidhaafi owwaalaan wal qabataniin raawwataman (; birth, wedding and funeral rituals), kakuu/waadaa galuu (oaths of allegiance), seerota aadaa, sirna wal dhabbiin itti hiikamu, taphafi ispoortii aadaa,(*

traditional legal systems; traditional games and sports), ayyaana gosaa (kinship and ritual kinship ceremonies), qubsuma gosaa, nyaata aadaa (culinary traditions), gochaalee/ayyaanota dhiiraan ykn dubartii qofaan raawwataman, gochaalee adomoo, qurxumii qabuu, qonnaa, omiisha, jijjiirama waqtii, bareedina/miidhagina, ..Wkf dhimmoota bal'aa hammata.

- *Gochaaleen hawasaa, barsiifata/sirnoota (rituals) fi ayyaanotni eenyummaa, seenaafi yaadannoo waliinii, akkasumas ilaalcha addunyaa (world view) hawaasa tokkoo deddeebisanii kan ibsaniifi kan yaadachiisan dha.*
- **4. Beekumsaafi gochaalee umamaafi uumaan wal qabatan (Knowledge and practices concerning nature and the universe)**
- *Hawaasni haala naannoo uumamaa isaa waliin qunnamitii godhuu keessatti beekumsa, dandeettiifi ogummaafi bakka bu'iinsa kennuuf kan hammatudha. Haalli hawaasni tokko universe itti hubatu afaaniin, afoolaan, walitti hidhamiinsa iddoo sanaaf qabuun, yaadannoon, amantaan, akkasumas ilalcha addunyaatiif qabuun ibsama. Ilaalchi kun duudha, safuu, laguu, amantaa, gochaaleefi barsiifata hawaasichaaf bu'ura ykn ka'umsa kan ta'an dha. Jarreen kunis haala umama naannoofi ilaacha addunyaa hawaasichaatiin (natural environment wider world) bifa qabatu. Beekumsi, dandeetiinifi ogummaan akkakuu hambaa kiliyaa kana keessatti argaman ilmi namaa jiruufi jireenya isaa keessatti walittii dhufeenyaafi walitti hidhannaa umama naannoo isaa waliin qabu irraa Kan maddanidha.*

- *Akaakuu kana keessatti kan hammataman beekumsa ecology, beekumsa xabboo/aadaa (IK), beekumsa biqiltuuwwaniifi bineensota naannoo isaa (local fauna and flora), beekumsa wal'aansa fayyaa (traditional healing system), beekumsa barsiifatafi amantaa, beekumsa kosmoolojii, sirnootafi jarmiyaa bulchiinsa, beekumsa eegumsa umama naannoo, qonna, astronomy, beekumsa haala qilleensaa, dhaha (Calendar), ...w.kf.*
- **5. Ogummaa Hojii Harkaa (Traditional Craftsmanship)**
- *Waliigalteen (Convention) Hambaalee Kiliyaa bara 2003 bahe oomisha hojii harkaa irratti utuu hin ta'in beekumsaafi ogummaa (knowledge and skills) irratti caalmaan xiyyeeffatuuyuu, Hambaaleen kiliyaa bifa qabatamaan (tangible manifestation) caalmaatti kan mul'atan ogummaa hojii harkaatiinidha.*
- *Kunuunsi gama kanaan godhamu qabu omishaalee ykn meeshaalee ogummaa harkaatiin hojjetaman utuu hin ta'in beekumsaafi ogumma meeshaaleen sun itti hojjetaman ta'ee, namootni beekumsaafi dandeettii sana qaban ogummaa saanii akka itti fufaniif hawaasa isaaniitiif akka dabarsan gochuu dha.*
- *Akkaakuu kana keessatti kan ilaalaman keessaa mursni:- meeshaa qonnaa, meeshaa mana keessatti itti fayyadaman, kuusaa midhaanii, uffata dhahuu, worqee, birrii, ... hojjechuu, sibiila baqsuufi tumuu, artii miidhaginaa, meeshaalee sirnootaafi barsifataf oolan (ritual objects), meeshaalee muuzziqaa, meeshaalee taphaa (toys), hojii gaanfa, gogaa, suphee, muka, sibiila, citaa, marga, migra ... irraa hojjetaman, faayafi midhagina/bareedina aadaa, ..w.kf.*

- ***Hambaalee Kiliyaa (General Characteristics)***
- *Dhalootaa irraa dhalootatti darbaa kan dhufe*
- *Hawaasni ykn gareen hawaasaa, ykn ummatni tokko walitti dhufeenyaafi walitti hidhamiinsa haala umama naannoo isaafi seenaa isaa waliin qabuu irraa Kan maddu dha.*
- *Eenyumaa saba/ummata/hawaasa tokkoo ibsa; eenyumaan kunis akka jiraatu akka itti fufu godha. (identity and continuity)*
- *Heddumina aadaa, ulfinaafi dandeettii uummaa dhala namaa kan mul'isu dha.*

Hambaaleen kiliyaa

- *Babal'ina globalization zabana ammaa keessatti hedduminni aadaa akka jiraatu taasisa.*
- *Ummatootni adda addaa akka wal beekan, akka waliin dubbatan, akka wal hubatan akka wal kabajanii adda addummaa keessatti waliin jiraatan godha.*
- *Bu'aan ykn faayidaan hambaalee kiliyaa inni guddaa ibsitoota aadaa Sanaa utuu hin ta'in beekumsaafi ogummaa aadaa sanaan dhalootaa dhalootatti darbu dha.*
- *Beekumsi haala kanaan darbu fayidaa dinagdeefi hawaasummaa guddaa qaba.*
- *Mallattoon sabni/ ummatni/ hawaasni tokkoo eegamee ummatichi itti fufiinsaan (continuity) akka jiratu godha.*

- ***Kunuunsa Hambaalee Kiliyaa***

Hambaa kiliyaan:-

- *gochaalee ykn calaqeewwan (elements) aadaa hawaasaa ibsan ta’uu qaba*
- *HambaaleenKun bifa adda addaatiin Kan mul’atan ta’uu qabu (fkf gocha adda addaatiin, kabaja ayyaanotaan, festivalootaan, haala itti dubbatamaniifi itti yadamaniin, seenaa dhugaa gochaan yeroo dha yerootti irra deebiin mul’isaniin, duudhaaleefi abboommii sammuu (safuu, lagu, ooda etc) qabaachuu qabu. **Walumaa galatti hambaalee kiliyaa kunuunfamuu qaban kanneen beekumsaafi sirna raawwii adda ta’ee Kan qaban dha.***
- *Hambaaleen kiliyaa waan qabatamaa ittiin of ibsan ykn mul’atan (beekumsaan, gochaan, ogumman, dubbiin, mallattoon, sochiin, etc) kan hin qaabne kunuunsuun hin danda’amu.*
- *Hambaaleen kiliyaa ilaaluun ykn gochuun dhaloota irraa dhoolootatti darbudha.*
- *Hambaa kiliyaa Kan“**lubbuu qabu**” jechuun kan jiraacha jiru ta’uu qaba. Kan qabatamaan yeroo ammaa mul’achaa rawwaatamaa jiran ta’uu qabu. (it must be a living culture).*
- *Kan haala yeroo wajjin wal simaa ofharoomsaa dhaloota irraa dhoolootatti darbaa deemu ta’uu qaba. Dhoolotni wal duraa duuban haala*

keessa jiraniin foyyessaa, siilessaa, ashaaraa isaanii itti dabalaa deemanidha.

- *Hambaa kiliyaan qaama ykn meeshaa suphamu miti. Kunuunsa hambaa kiliyaa yoo jennu haala dhaloota irraa dhalootatti sirna isaa eegee darbu miijessuu jechuudha. Sababni isaas addunyaa jijjiirama wal irraa hin citne keessa jirtu keessatti hambaa kiliyaan mallattoo eenyumaafi qaroomina addaa hawaasa tokkoo waan ibsuuf dha.*
- *Hambaaleen kiliyaa hawaasni ykn gareen hawaasa tokko kan irraa qooddatu, kan keessatti hirmaatu, kan ittin of ibsu dha.*
- ***Kunuunsa Hambaalee***
- *Hambaa hawaasa ykn ummata tokkoo hunda kunuunsuun hin danda'amu.*
- *Hambaalee eenyummaa ummatichaa haala adda ta'een ibsaniif dursi kennamuu qaba. Innis hawaasichi hambaa eenyumaa koo itti ifuufi mallattoo eenyumaa kootiif murteessaa dha jedhee amanee kan ofii filate ta'uu qaba. Hambaaleen kunis waantoota qabatamaa ta'aniin kan mul'atan ta'uu qabu. (fkf, rituals of dance, music, chanting, or by rich oral literature, or even by sport events, or by celebrations, initiations etc)*
- *Kan hawaasa hedduu sochuusuu danda'u, kan hawaaschi akka hambaa issaatti ilaaluufi kan irrattis hirmatu ykn irraa qooddatu, kunuunfachuudhaafis fedhii qabu*
- *Hambaa faayidaa dinagdee qabu qofa ta'uu hin qabu; caalmaatti dursi hambaalee hawaasichi akka qabeenya waliiniitti ilaalu, keessaattis*

hirmaatu, kan seenaafi sirna beekumsa waliinii callaqisuuf dursi kennamuu qaba.(shared history and knowledge system

- *Ulaagaalee Hambaan Kiliyaa itti Galmaa'u*
- *Hambaan kiliyaa Galmee Bakka-Bu'oota Hamba Kiliyaa Dhala Namaa (the Representative List of the Intangible Cultural Heritage of Humanity) ta'ee galmaa'uuf ulaagaalee 5n hunda guutuu qaba. Isaanis:*

R.1. *The element constitutes intangible cultural heritage as defined in Article 2 of the Convention.*

- a) (hambaan kaadhimame akaakuwwan HAK keessatti ramadamuu isaa***
- b) (hawwaasni hambicha hamba aadaa kootii jedhee kan itti amane ta'uu isaa***
- c) hambichi dhaloota irraa dhalootatti siila'aa, fooyyaa'aa, ofhaaromsaa darbaa dhufuu isaa;***
- d) hawwaasa abbaa hambichaa ta'eef mallattoo enyummaa ta'uu isaa fi hawaasichi eenyummaa isaa qabatee akka jiraatu kan taasisuu ta'uusa]***
- e) hambaan kaadhimame mirgoota namoomaa idil-addunyaa bahan waliin kan wal hin faalle ta'uusaa; hawaasa adda addaa waliin wal kabajuu kan cimsuufi misooma itti fufiinsa kan cimsu ta'uu isaa***

- ***R.2.*** *Inscription of the element will contribute to ensuring visibility and awareness of the significance of the intangible cultural heritage and to*

encouraging dialogue, thus reflecting cultural diversity worldwide and testifying to human creativity. (haambaan kaadhimame HAK akka beekaman akka hubataman fi hawaasa adda addaa gidduutti marii, wal hubannoo umuuf gaheen inni qabuufi sadarkaa addunyaatti heddumina aadaa kan mirkaneessu ta'uu isaa

- *[hambaan kaadhimame yoo galmaa'ee*

A) Akkamiin waa'ee HAK (ICH) fi faayidaa isaa sadarkaa naannootti, sadarkaa biyyaatti, sadarkaa addunyaatti beeksisa;

b) Galmaa'uun isaa walitti dhufeenya, waliin jiraachuu, wal hubachuu hawaasa adda addaa gidduutti akkamiitti cimsa

c) Galmaa'uun hambichaa haala kamiin kabaja hedduminni aadaafi dandeettii uummee dhala namaa cimsa.

R.3. Safeguarding measures are elaborated that may protect and promote the element. (Hambaa kaadhimame kana kunuunsuufi dagagsuuf tarkaanfii qabtama ta'ee sirriitti jiraachuufi sirni itti kunuunfamu diriiruu isaa

a) ammaan dura haala itti kunuunfamaa ture)

b) eega galmaa'ee booda haala itti kunuunsuuf yaadame)

R.4. The element has been nominated following the widest possible participation of the community, group or, if applicable, individuals concerned and with their free, prior and informed consent.

(Hawaasni Abbaa hambichaa ta'e hambicha akka galmaa'uu dursee beekke, dhiibba tokko malee fedhii isaatiin irratti kan waliigaleefi qophii kadhimeessaa keessattis bal'inaan kan irratti hirmaate ta'uu' isaa

R.5. the element is included in an inventory of the intangible cultural heritage present in the territory (ies) of the submitting State(s) Party (ies), as defined in Articles 11 and 12 of the Convention.

(Galme'e hambaalee biyyoollessaa keessatti dursee Kan galmaa'e ta'uu qaba)

- *Sirna Gadaa Oromoo*
- ***Galme'e Bakka Bu'oota Hambaalee Kiliyaa Dhala Namaa (Representative List of the Intangible Cultural Heritage of Humanity) keessatti galmeessisuuf kaadhimame.***
- *Mata duree (maqaa) Hambaan kun itti kaadhimame: "Sirna Gadaa: Sirna Hawaas-Siyaasaa Dimokraatawaa Ummata Oromoo (Gada System: An Indigenous Democratic Socio-Political System of the Oromo)*
- *domain(s) of intangible cultural heritage manifested by the Gada System*

[x] Oral traditions and expressions, including language as a vehicle of the intangible cultural heritage

[x] Performing arts

[x] Social practices, rituals and festive events

[x] Knowledge and practices concerning nature and the universe

[] traditional craftsmanship

[] other(s) (

- *Sirni Gadaa gosa hambaalee kiliyaa itti ibsaman 5n keessaa 4n ibsama.*
- *Ulaagaalee 5n ta'anis niguuta.*
- *Faayilli kaadhimeessaa isaas haala formaatiifi standardii UNESCOon baaseen hunduu hojjetameera.*
- *[see appendix]*
- *Galmaa'uun Sirna Gadaa murtee isa dhumaaKan argatu waltajjii Yaa'ii Waggaa UNESCO'n barana biyya keenya Magaalaa Finfinneetti **ji'a Sadaasaa Bara 2009** gaggeeffamuu irratti murtaa'a. Akka galmaa'us abdiiguddaa qabna.*
- *Sochiin keenya kun milkaa'uu kan danda'u ulaagaalee dhabbatichan taa'an qabatamaan mirkaneessinee itti fufiinsaanis kunuunsa barbaachisaa tahe yoo goone qofa.*
- ***Operational Directives for the Implementation of the Convention for the Safeguarding of the Intangible Cultural Heritage***
- ***Waliigaltee kana hojiirra oolchuuf qajeelfama bahe (Operational Directives)*** keessatti haalota deggarsa, kunuunsiifi kabajni hambaalee aadaa kiliyaa geggeeffamu ilaalchisee akkas jedha:-
- *"hambaalee ilaachisee deggarsa godhamu faayidaa siyaasa, dinagdee ykn kan biraa argachuun kan walqabateefi kan kaayyoo Waligaltichaan wal*

hin simne ta'uu hin qabu." ["No political, economic or other conditions which are incompatible with the objectives of the Convention may be attached to contributions made...." **Operational Directives** section II.2.2.72]

- *Qajeelfamni UNESCO kun hambaan kamiyyuu qaama kamiinuu tajaajila siyaasaatiif ooluu akka hin qabne ifatti kaaya.*

Operational Directives (Chapter IV; section 1,102) dabaltaan akkas jedha:-

- *Waltajjiwwan hambaalee aadaa kiliyaa irratti qaamni kaamiyyuu gochoota kaneen gaditti tarreeffaman irraa of qusachuu qabu. [All parties are encouraged to take particular care to ensure that awareness-raising actions will not:]*
 - a) haala aadaa hambaaleen kiliyaa itti ibsaman, itti raawaataman, itti calaqisaniin ala gochoota hin taane raawwachuu [de-contextualize or denaturalize the intangible cultural heritage manifestations or expressions concerned;]*
 - b) Gochaalee fuula gaarii haawasa hambaalee kiliyaa kana geggeessan miidhu. [mark the communities, groups or individuals concerned as not participating in contemporary life, or harm in any way their image]*
 - c) gochaalee qaama siyaasaa, hawaasa, saba, amantii, saala, tokko faarsuu fi kan biraa abaaru]contribute to justifying any form of political, social, ethnic, religious, linguistic or gender-based discrimination;]*
 - d) [ogummaafi beekumsa hawaasa hambaalee kiliyaa kanaan walqabatan busheessuu ykn faayidaa ofiif itti fayyadamuu [facilitate the*

misappropriation or abuse of the knowledge and skills of the communities, groups or individuals concerned;]

e) Over commercialization

- Mootummoon Waliigaltee kana mallatteessan akka mootummaatti hambaalee aadaa kunuunsuuf deggarsa barbaachisu hunda gochuuf; hambaalee aadaa faayidaa dhaabbilee siyaasa kamiifuu akka hin oollee gochuuf; dhaabileen siyaasaa kamiyyuu sirnoota hambaalee aadaatiin geggeeffamu fayidaa siyaasa isaaniitiif akka hin fayyadamne; dhaabileen deeggarsa Kennan NGOs sababa deggarsaan garmalee dhiibbaa akka hin goone; kkf mootummaan is haala mijeessuufi deggaruu akka qabu waadaa galameera.*
- Ulaagaaleen UNESCOtiin ka'aman kun yaada mootummaan is ta'e dhaabileen siyaasaa ykn mit-mootummaa garmalee dhimmoota kana keessa yoo galan ta'e jedhamees ykn utuu hin yaadamin dhiibbaa hin eegamne hambaarra ni geessisa yaada jedhu kan bu'ureeffatedha.*
- Beekaas ta'ee utuu hin beekin gara fedhii isaaniitti dhiibu jedhamee waan amanamuufiidha.*
- Hambaan tokko hambaa addunyaa ta'ee galmaa'uuf yoo dhiyaate UNESCOon ulaagaalen Kun hojiirra ooluu isaanii xiyyeeffannoon ni hordafa.*
- Ayyaanni Irreechaa Bara kanaa jalbultii galmeen Sirna murtii itti argatutti waan kabajamaafu ummatni OroGadaa moo hundi xiyyeeffannoofi naamusa gaariin kabajatu qaba.*

- *Haala aadaa isaa calaqisuun soona fi duudha, ulfinaa fi safuu ayyaanicha eegee, aadaa isaa kabajee, ayyaanichaa haala ho'aafi midhagaatiin, haala aadaa ummatichaa daran calaqisuun kabajachuu qaba.*
- *Gochootaa sirna kabaja ayyaanichaatii ala ta'an Kan fuula gaarii fi aadaa boonsaa ummatichaa miidhan akka hin calaqisne, akka hin raawwatamne eeggannoo gochuu qaba.*
- *Abbaan aadichaa ummatni Oromoo itti gaafatamummaa kana fudhatee bahuu qaba.*
- *Sirna Gadaa kunuunsuuf dhaloota har'aa irraa maaltu eegama*
- *Imaammata bahu keessatti hammachiisuu (muuxannoo aadaan jiru sakkata'uu)*
- *Ardaalee jilaa kunuunsuu*
- *Sirna barnootaa keessatti galchuu*
- *ICT fi mediya adda addaatiin beeksisuu*
- *Seerota aadaa seerota ammayyaa waliin haala wal siman hojjetan miijessuu (Customary laws and statutory laws)*
- *Beekumsa aadaa (IK) saayinsii ammayyaa cina fayyadaa irra oolchuu (FKF. Qoricha aadaa, wal'aansa aadaa,*

Carraa Gaarii!!! Barri Kun Bara milkaa'inaa, Bara gammachuu nuuf haa ta'u

Horaa Bulaa

Biirroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa

Sadaasa 2009

Finfinnee